

Summaa'uun Liidiin dhufu 100% ittifamuu danda'a



Nyaata laaqanaa fi irbaataa, nyaata tursituu, akkasumas hirriba guyyaa dura harka mucaa keessanii dhiqaa.



Qalama ciccitaa fi folloqaa jiru suphaa.



Yeroo baay'ee meeshaalee taphaa, qaruuraa fi xuuxxoowwan dhiqaa.



Bakka taphaa qulqulleessituu jiidhaanii fi haxooftuu jiidhaan haxaa'aa.



Nyaata ayireenii, kaalsiyeemii fi Vitaamin C baay'ee qabu dhiheessaa.



Karameellaa, meeshaalee taphaa, meeshaalee miidhaginaa biyya alaatii galfamanii fi qoricha aadaa hin fayyadaminaa.



Dhugaatiif, nyaata bilcheessuu fi bishaan qaruuratti naquuf bishaan boombaa qabbanaawaa fayyadamaa.



Health and
Human Services
Public Health

Odeeffannoo dabalataa waa'ee ittisa summii liidii yeroo daa'imummaa argachuuf, fuula Childhood Lead Poisoning Prevention Program kan ta'e hhs.iowa.gov daawwadhaa ykn 1-800-972-2026 irratti bilbilaa.



Daa'imman keessan Liidiidhaan summaa'uu irraa eegaa



Health and
Human Services
Public Health

Summii Liidii Maaltu Fida?



Ijoolleen manneen bara 1978 dura ijaaraman keessa yoo jiraatan ykn yoo daawwatan liidiif saaxilamuu danda'u. Maddeen liidii kan biroon:

- ▶ Meeshaalee durii
- ▶ Fullee zaage
- ▶ Mana haaressuu
- ▶ Furtuuwwan
- ▶ Fiixee meeshaa
- ▶ Karamaellaa biyya
- ▶ Ofiin of-suphaa
- ▶ qurxummii ittiin qaban
- ▶ alaatii gale
- ▶ Qimamiiwwan



Furtuuwwan
naasaa



Suphee
miidhaginaa
hojjetamu



Qalama Liidii
foddaawwan durii
irratti dibame



Meeshaalee
durii

Mallattooleen Liidiin Summaa'uu maal fa'i?



Daa'imman summii liidiin qabaman baay'een isaanii dhukkubsataa waan jiran fakkaachuu dhiisuu malu, garuu mallattooleen tokko tokko:

- ▶ Salphaatti kan gammaduu
- ▶ Aarii qabaachuu
- ▶ Xiyyeeffannaa kennuu
- ▶ Barachuuf danqamuu
- ▶ irratti danqamuu
- ▶ Ulfaatina hir'isuu
- ▶ Dhukkubbii garaa fi
- ▶ Guddina suuta-jedhaa
- ▶ ol-deebisuu
- ▶ Boodatti-harkifannaa
- ▶ Dhukkubii mataa
- ▶ guddinaa
- ▶ Akkaataa hin baratamneen
- ▶ caalaa dadhabuu



Daa'imman hundinuu ji'a 12 fi 24 tti akka qorataman kan gorfamu yoo ta'u, daawwannaa weel chaayild hunda irratti balaaf saaxilamuu isaaniif qoratamuu qabu.

Qorannooleen liidii dhiiga keessaa akkamitti hojjetamu?

Qorannooleen liidii dhiiga keessaaa gosa lamatu jiru: kaappilaarii fi veeyinii keessaati. Qorannoon **kaappilaarii** dhiiga xiqqoo quba irraa bahu fayyadamuun liidiin akka jiraachuufi dhiisuu ilaalama, bu'aan qorannaa daqiiqaa muraasa keessatti argama. Qorannoon kaappilaarii liidiin akka jiru yoo agarsiise, qorannoon dhiiga **veeyinii keessaa**, harka irraa fudhatamu, hamma liidii dhiiga keessaa ni mirkaneessa.

Hamma Liidii Dhiig Daa'ima Keessanii Keessa Jiru

_____ hamma liidii dhiiga keessaa

_____ deesiliitiirii tokkotti maayikiroogiraamii ($\mu\text{g}/\text{dL}$)
qaba/qabdi

Hamma Liidii Dhiiga Keessaa $3.5 \mu\text{g}/\text{dL}$ Gadi ta'eef, tarkaanfiin tokkollee hin barbaachisu. Balaa liidiin naannoo irra ga'uuf carraa saaxilamuu danda'uu beekaa.

Hamma Liidii Dhiiga Keessaa $3.5-9 \mu\text{g}/\text{dL}$ Gidduu jiruuf, waa'ee madda liidii adda baasuu fi barbaachisummaa soorata gaarii fi mana qulqulleessuu dhiyeessaa keessan gaafadhaa.

Hamma Liidii Dhiiga Keessaa $10 \mu\text{g}/\text{dL}$ ykn isaa ol jiruuf, mucaan keessaniif hordoffii dabalataa barbaachisa. Qorannoo irra deebii sirrii ta'ee yeroo itti gaggeeffamu armaan gaditti ilaalaa.

Bu'aa Qorannoo Mucaa Keessanii

Bu'aa Qorannoo	Guyyaa Qorannoo Dhiiga Veeyinii
10-14	Ji'oota 3 keessatti
15-19	Ji'a 1 keessatti
20-44	Torbee 1 keessatti
45-69	Sa'aatiiwwan 48 keessatti
70 ykn isaa ol	BATTALUMATTI

Mucaan keessan hanga guyyaa kanaatti qoratamuu qaba:
